Akkasumas Suhayli binu Abii Saalih yeroo dubbatu "Yeroon hajjii geenyaan abbaa kiyya waliin gara hajjii deemne. Hajjii sana irratti Umar ibnu Abdul'aziiz hirmaatee ture. Namni hajjiif deeme hunduu ija jaalalaatiin dhaabbatee garasaa ilaala. Anis akkuman isa argeen onnee na seene.

Taatee kanaanis dinqameen abbaa kiyyaan *'yaa abbaa koo umariin kana akka Rabbi jaalatu mirkaneeffadheera.'*n jedheen. Abbaan koos *'akkamittiin mirkaneeffatte?'* jedhee na gaafate. Anis *'namni hunduu akkuma isa argeen isa jaal'ata. Hadiisa rasuulaa kan Abaa Hurayraa irraa dhageessee natti himte sanaan ammoo nan mirkaneeffadhe.'* Jedheen hadiisichas yaadachiiseen.

'Rabbiin yeroo nama tokko jaalatu jibriiliin waamee 'yaa jibriil ani abaluu ilma abaluu jaaladheeraa atis jaaladhu.' Jedhaan. Jibriilis 'tole.' Jedhee erga jaalateen booda warra samii keessaa hundatti lallabee 'Rabbiin abaluu ilma abaluu jaalatee anis akkan jaaladhuuf na ajaje. Anis jaaladheera isinis jaaladhaa.' Jedha. Warri samii keessaa martuu isa jaalatu. Sana booda ammoo qeebaltii[82]n isaa dachii keessattis ni godhamaaf.'[83]"

Umar bulchaa hawaasa bulchu biratti jaalala addaa gonfatee fi akkasumas onnee muslimtoota addunyaa maraa, namoota bulchiinsa haqaan guutameef gatii kennaanii fi onnee beektota seenaa hedduu keessatti ol ta'ee jiraata.

---

[82] Jaalala, dhageettii, fudhatama.

[83] Muslimtu gabaase.

Akka seenaan isaa fi namoota akka isaa jiranuu ol ba'ee hin mul'anneef dhiibbaan gara garaa taasifamus garuu guutummaatti jaraaf hin milkaa'u. Sababni isaas dhaloota amma jiru harkatti deeffatanus dhaloonni jara harkatti deeffatus ni dhalata. Kun ammoo dhugaa shakkii hin qabne.

Barruun seenaa isaa tarii har'a quttoo keessatti gatamee jiraachuu isaatu mala. Garuu akkanatti hin hafu gaaf tokko quttoon irraa urgufamee dubbifama. Inni quttoon malus quttoodhaaf kennama.

•••••

❖ Hordoffii Fi Tika Inni Sunnaa[84]Dhaaftaasise.

Umar jireenya isaa guutuu nama karaa ergamaan keenya Muahammad (S.A.W)ittiin ergaman hordofaa jiraatee fi akkasumas karaa sanaaf tika barbaachisaa godhaa ture dha. Keessumaa erga gara bulchiinsaatti dhufeen booda ammoo bulchiinsi isaa bid'aa(waan haaraa)f bara du'aa, sunnaadhaaf ammoo bara itti lubbuu horattu ta'eef.

Barreessitoonnis yoo wanta kana ragaa ba'anu gochootaa fi jechoota mudannoo adda addaatiin isarraa argame nuuf kaa'u. Mee hanga ta'e ilaaluuf haa yaallu.

Inni jalqabaa gaafa jalqaba mootichi Sulaymaan duunaan gara aangootti waamamu gorsa ummataaf godhe dheeraa

[84] Karaa Rasuula keenyaa Muhammad (S.A.W).

sana keessatti "... *Yaa ummataa.Nabiyyii keessan booda Nabiyyiin biraa hin jiru. Kitaaba (Qur'aana) keessan boodas kitaabni biraa hin jiru. Isin boodas ummanni biraa hin jiraatu. Wanti heyyamamaan wanta Rabbiin kitaaba isaa fi arraba Nabiyyii isaa irratti heyyame qofa. Wanti dhoorgamaanis wanta Rabbiin kitaaba isaa fi arraba Nabiyyii isaa irratti dhoorge qofa. Ani nama waan haaraa fide osoon hin taane nama karaa Nabiyyii keessanii hordofu dha.* ..."jechuun gorsa dheeraa ummataaf kennee ture.

Guyyaa sana gorsa isaa keessatti bakka sunnaadhaaf qabuu fi hordofaa sunnaa sanaa ta'uus ifa godhee ture.

Kana malees Hazmi binu Hazmi namni jedhamu yeroo nuuf odeessu. "Umar dubbatee '*Osoo Rabbiin kutaa qaama kootii tokko tokkon kaffalaa sunnaa fayyisuu fi bid'aa(waan haarawa) ajjeesuu harka koo godhee silaa na gammachiisa ture.*' Jedhe." Jedhee nuuf hima.

Bara bulchiinsa isaa keessa firqaan Qadariyyootaa babal'ataa akka turan kitaabban akka I'itisaam[85] fi kanneen biroos ni mallatteessu.

Imam Az-Zahabiinis yeroo dubbatanu "bara bulchiinsa Umar keessa namoota firqaa Qadariyyaa hordofan keessaa nam tokko gar-malee daangaa dabarfate. Qabamees gara Umar fidame. Umaris yeroo dhimmicha ibsuuf namtichi Umariin gowwomsuuf '*Yaa Umar jal'adheen ture. Amma*

[85] Imaam Ash-Shaaxibiitu Barreesse.

qajeelumatti na akeekteetta.' Jedheen. Umaris *'Yaa Rabbi yoo dhuguma ta'e tole. Yoo hin ta'in garuu harka isaa lamaanii fi miilla isaa lamaanillee irraa naaf ciccirii maalummaa qadaraas naa barsiisiin.'*jedhee itti kadhatee gad-dhiise.

Barootaan booda bara bulchiinsa Hishaam binu Abdulmalik keessa namtichi sun dhimmuma qadaraatiin harka lamaanii fi miilla lamaan irraa kutamee argeera." Jechuun nuuf kaa'u.

Namni Ziyaad binu Mikhraaq jedhamus "Ani Umariidhaa Khuxbaa guyyaa jumu'aa irratti *'sunnaan ani fayyisuu fi bid'aan ani ajjeesu osoo hin jiraannee silaa dugda dachiirra sababni ani jiraadhuuf hin jiru ture.'* Jedhuu dhagaheera." Jedha.

Kana malee kanneen biroonis ni jiru. Hanga ragaatiif kun nuuf ga'aa dha.

•••••

❖ Babal'ina amantaa Isalaamaatiif shoora inni taphate.

Babal'ina amantaa Islaamaa daangaa bulchiinsichaatiin wal qabatee shoorri isaa guddaa ta'uu waliin garuu haalli inni ittiin babal'ise haala ogumaan guutame ture.

Bara bulchiinsa Sulaymaan ibnu Abdulmalik keessa waraanni gurguddaan geggeeffamuu waliin biyyoonni hedduunis banamuu danda'aniiru.

Waraanota sana keessaa tokko waraana Qusxanxiiniyaa (Konistaanti Nooppilii) ture. Waraana sanarrattis kan ajajaa ta'ee hirmaate Maslamaa binu Abdulmalik ture. Waraana sanas injifatanii Qusxanxiiniyaa banuuf dhihaatan. Haa ta'u malee dogongora nama "Saraat" jedhamu tokkootin waraanni Qusxanxiiniyaa galaa ga'aa argachuudhaan akka jarri hin seenneef jajjabinaan karaa cufani.

Maslamaanis dhimma kana Sulaymaaniin beeksise. Sulaymaan yeruma dhagahu gar-malee aaree "hangan lubbuun jirutti osoo hin banin akka gara koo hin dhufne." Jechuun akeekkachiisa guddaa itti kenne.

Sababaa kanaanis waraanni Maslamaa hedduun akka beelaa fi dheebuudhaan miidhaan guddaan irra ga'ee fi hanga yaabbilee jaraa nyaatan tokko akka ga'anis beekaan "Ibnu Abdulhakiim" jedhamanu nuuf ibsu.

Umar osoma aangootti hin dhufin dura wanti kun boqonnaa isa dhowwee ture. Kanaafuu akkuma aangootti dhufeen dhimma kana bulchuu akka hin dandeenye of amansiisee xalayaa gara Maslamaatti ergee akka jarri hatattamaan deebi'anuu fi boqonnaa ga'aas akka fudhatanu ajaje.

Xalayaa sana yeroo ergu ergamaa isaa waan sardeef haalli sardammii isaa hanga ilaalcha namoota hedduu harkisuu fi onnee namoota baay'ee keessatti "har'uma aangootti dhufee har'uma sardaan kan maali?" jechuus uumee ture.

Ibnu Kasiir yeroo himanu ergamaa xalayaa sana fuudhee gara Maslamaa deemee waliin nyaataa fi dhugaatii baay'ee.Akksumas fardeen 500 (dhibba shan)tti tilmaamanu akka erge ni dubbatu.

Kana malees waraana miidhamee deebi'aa jiru karaatti Roomaanotaa fi diinota kaaniinis waraanni tasaa akka itti hin banamneef eegumsa ga'aas taasise. Maatii fi gosa duultota duula sanarraa deebi'aa jiranuutiifis gargaarsi ga'aan akka godhamu taasiseera.

Itti fufuun waraana fudhatee ofiif ka'e. Daangaa hundayyuu waraana jiru jabeessuun fi kan biraas leenjisanii dabaluun bakka hanqina qabutti humna ga'aa dabale.

Al-Bulaazraa namni jdhamu akka himetti "Umar daangaa hundayyuu ofiif irra deemee to'annoo taasise.Waraanaa waliin hanga ganda Musiisah[86] jedhamtuuttis qaqqaban. Gandattiin roomaanotaaf haala mijeessiti jedhee waan yaadeefis gandattiin diigamuu akka qabdu yaade. Waraanni isaas bakkoota dhokannoodhaaf mijatanu kan gidduu musiisah fi anxookiyaa[87] jiru hundumaa diiganii balleessani.

---

[86] Ganda biyya shaam naannawa laga jayhaan jedhamuutti kan argamtu yoo taatu. Kan isiin argamtus anxookiyaa fi room gidduutti.

[87] Magaalota biyya shaam kanneen naannawa laggeeniitti argaman keessa isii tokkoo fi guddoo kan turte dha.

Gandattiinis roomaanotaaf saaxilamtuu akka taate ibsuun akka isiin diigamtuuf jiraattota gandattii mariisisani. Jiraattonni gandattiis sababaan ijaaramuu musiisah akka roomaanonni haala salphaan anxookiyaa hin to'anneef akka ta'ee fi akkasumas yoo musiisah hin jirtu ta'e daangaan roomaanotaa waliin ta'u magaalaa anxookiyaa ta'uu akka danda'u ibsaniif.

Umaris yaada jaraa fudhachuun hatattamaan gara ganda farbiyah[88] jedhamtuu deeme. Haala jireenya jiraattota magaalattiis ilaale. Masjidni akka achitti ijaaramus taasise. Kuufata bishaanii(gandaa) guddaas achitti hojjechiise. Namoonni hojjetanis maqaa isaa irratti barreessani." Jechuun dubbata.

Itti aansuun magaalaa xardaa jedhamtu qaqqaban. Magaalattiin magaalaa waraana roomaanotaatiif saaxilamtuu taatee fi haala jireenyaatiif hin mijanne. Akkasumas yeroo gannaa cabbiin waan rakkisaa ta'eef jiraattonni magaalattii ganna ganna bakka sana dhiisanii deemu. Kanaafuu kan achitti hafu waraana dirqamni itti kennamee daangaa eeguuf achi taa'u qofa.

Kanaafuu Umar magaalattii roomaanotaaf dhiisanii akka ba'anu ajaje. Waraanni ramadamee achi jiraatu ajaja Umaritti gammaduu baatus garuu ajaja fudhachuun magaalattii gad-

[88] Biyya jayhaan keessatti magaalaa naannawa laggeeniitti argamanu keessaa tokkoo fi fuuldura magaalaa musiisahtti kan argamtu dha.

dhiisee ba'e. jiraattota magaalattiis gara magaalaa malaaxiyaa[89] jedhamtuu geessuun akka achi jiraatanuuf mijeessan.

Bifuma kanaan magaalota akka laaziiqiyaa fi kanneen biroos kan waraana barbaadu waraanaan kan haala mijeessuu barbaadus haala mijeessaa bulchiinsa isaa jabeesse.

Waraanas kallattii lamaan qindeesse.Kallattii inni tokko kallattii waarra roomaatiin yoo ta'u inni lammataa ammoo kallattii bahaatiin ture. Kallattii bahaatiinis bakka bu'aa isaa kan biyya Khuraasaan beeksisuun waraana qindeessee akka duulu ajaje. Biyyoota hedduus banuun hanga chaayinaa qaqqabanutti deemani. Garuu Turk irratti gufatani. Waraanni jaraas hangi ta'e booji'ame.

Kanaafuu hanga booji'amtoota jaraa kan humna waraanaa Turkiirka jiru baafatanutti kallattii jijjiiruun kallattii biyya "Shaash" jedhamtuutiin duula itti fufan. Ammaar binu Maslamaa nama jedhamus muuduun akka biyya siind jedhamtu kan hindii keessatti argamtu irratti duuluuf ergan. Innis to'annoo ofii jala galche.

Gidduu kanaan waraanni Turkootaa humna haaromsachuun biyya Azabarjaan irratti duule. Umaris hatattamaan waraana qopheessanii nama "Haatim binu Nu'umaan" jedhamu

[89] Magaalaa biyya damaasqoo keessatti argamtu taatee kan biyya shaamiin daangessitu dha.

irratti muuduun ergan. Haatimis yeroo gabaabaa keessatti qolannaa barbaachisaa ta'e taasisuun Azabarjaaniin waraana Turkootaa jalaa bilisa baase.

Duula taasifamu hunda keessatti ammoo waraanni martuu of eeggannoo barbaachisaa ta'e akka godhanu osoo hin dhaamin erganii hin beekanu. Of eeggannoon isaan ajajanu ammoo maal maal akka ta'e ibsa namoota tokko tokkoo ilaaluun waliif haa ibsinu.

Safwaa binu Aamir yeroo dubbatu "duula Roomaa irratti goone irratti Umar dursa maal gochuu akka qabnu yoo nu akeekkachiisu. Jalqaba gara Islaamummaatti akka waamnu. Yoo fudhataniif tole. Yoo didan ammoo akka gibira kaffalanuuf akka affeerru nu ajaje. Yoo jarri filannoo kanas didan qofa akka waraannu nu akeekkachiise." Jedha.

Xalayaa gara khuraasaan erge keessatti jalqaba gara Islaamummaatti akka waamanu, itti aansuunis filannoo gibira kaffaluu akka dhiheessanuuf, carraa itti aanutti akka waraananu. Yeroo waraananus ammoo nama jara waraane malee akka hin waraanne, dubartootaa fi daa'imman, abbootii amantaa, bineeldotaa fi biqiloota irraanillee miidhaa ga'uu irraa akka of qusataniif jara ajajeera.

Kana malees booji'amtoota irraan miidhaan akka hin geenye booji'amaan tokkollee akka hin ajjeefamnee fi booji'amtoota muslimaatiin akka jijjiiraman. Akkasumas gatiin kaffalamee akka bilisa baafamanu ajajaa ture.